# Qulqullinni qilleensa mana keessaa akkan barbaachisadha.

Ameerikaa keessati, gidu galeessi namaa 87% yeroo isaani mana keessati dabarsu. Akkasumas dhukkuba daddarbu kana wajjiin lakkoofsi kun dabale jira garu qilleensa alaa irraa akka qilleensi mana keessaa faaalamaa tahe beeytuu sababbii meeshaalee gamtaa mana keessaatti itti fayyadaman ka asii gaditti mul'atanii fi akkasumas dalagaawwaan asii gaditti argisifaman kanan?

| **Dalagaawwan mana keessati dalagaman** (aara wayta nyaata dalagan bahu,vaakuumi HEPA* hin tahin, keemikaallaan ittii qulqulleessan) | **Meshaalee manniin ijaaruuf itti fayyadamnu**(qalama manaa, ham'ee, kan lafa ittiin tolchan, kan tirika ykn oo'a dhorgu) | **Meshaalee manneen keenna keessaa.** (Horgoggeewwan(toys), meeshalee manaa, minxaafiwwan, waan qilleenssati afuufan, shittoowwan) |
|---|---|---|
|  |  |  |

Sababbi sanyummaa naannootiif, fooddaa banuun (aadatti karaa guddaa faalamiiti qilleenssaa ir'isuu irraahi)
filatam
Kanaaf



* HEPA (High Efficiency Particulate Air) vaakumiwwan kun qulqulleessa HEPA of irraa qaban kan akka daaran ykn dhukkeen akka mana hin seene dhorgu ka akka vaakuumiwwan idileetii miti kan wayta fayyadam daaraan ykn dhukkeen akka mana seenu godhu.

Oromo

## Fooyya’aan qilleensi mana keessaa fayyaa fooyya’aan walgita ykn walqixa.

Mana keessaatti qilleensa qulqulluu qabaachuun fayyaa keetiif akkan barbaachisaadha.Qilleensi faalamaan mana keessaa kana fida ykn kanatti geessuu dandiya:

**Dhiibbaan hatataamaa kan akkaa:**

- Hooysisuu ijaa,funyaani akkasumas kokkee
- Bowwoo
- Martoo
- Dadhabbii
- Qufaafi ykn ka mallattoo qufaa fakkaatan



**Dhiibbaa yeroo dheeraa:**



- Nyaqarsa ykn Kansari
- Dhukkuba qaama hafuura bafataniini (akka asmi fii COPD)
- Dhukkuba Onnee
- Dhukkuba qaama keessa jiru namati jabeessu ykn hammessu.

## Qulqullinna qilleenssaa gadi bu’aa tahee eennutu laafaati miidhama?

- Ijoollee dargagootaa ykn laccee
- Namoota dhukkuba sombaa, onnee, ykn dhukkubaa yeeroo dheeraaf irra ture qaban,
- Namoota wagaa 65 olta’an
- Namoota COVID 19 qabanii fii qabamanii turan
- Namoota sanyumma naannootiin miidhaaman
- Dubartoota ulfaa

## Yoom akka gingilchaa qilleensaa kan saxini qabu itti fayyadaman

- Guyyalee aarri ibiddaa bosonaa jiru
- Wayta qulqullinni qilleensi allaa gadi bu’aa tahe
- Wayta ykn booddee hojiiwwan mana keessati dalagam kan gadi bu’iinsa qulqullumaa qilleensaa fidaan (fakkeenyaaf, aara wayta nyaata bilcheessaani fa)
- Wayta baatuu fii raftu hin fayyadamin
- Hin fayyadamin wayta fooddaan banaa jirtu!

## Karaan biraa kan qilleessa mana keessaa itti fooyyessan

- Qophee mana keessaati baafadhu
- Daaraa ykn Dhukkee darbi akkasumas yeroo yeroodhan haqi
- Vakuumi gingilchaa HEPA qabuun fayyaadami
- Meshalee hafuraa urgaahan qaban kan akka hafuura dhahu mana keessaa balleesaniin(qillleensa qulqulleessan) ittiin hin fayyadamin
- Mana keessati sigaaraa hinxuuxin
- Mana keessaati shaamaa hin qabsiisin
- Guyyaawwan qulqullinni qilleenssaa gadi bu’aa tahe, gaazaan bilcheessuu dhiisi.



Dhukke ykn daaraa darbi akkasumas irraa dedebi’ii qulqulleessi



Kophee keessati baafadhu




Vaakuumi gingilchaa qilleenssaa HEPA qabu fayyadami



Wantootin waan urgahan irraa dalagaman hin tahan ykn dhoorkaadha kan akka (Qilleensa urgeesitu)

## Gingilchaan Hafarsituu akka qilleenssii mana keessaa qulqulaawu gargaara

Systama qilleenssa qulqulleesu kana mana kee keessati itti fayadamuudhaan, sadarkaa qulqulliina qilleenssaa mana kee keessaa haalaan fooyyesita akkasumas saxilamummaa if irraa ir'ifata.



Gatii salphaa taheen haalli qilleenssaa mana keeti itti qulqulleesitu saaxina hafarsituu fi gingilchaa oo'iftuuni.  "Gingilchaan hafarsituu" kun waan xixiqoo ibida bosonaa, aara mukaa,vaarasi,daariqaawu(mold), dhukkee wayta mana keessa dalagan argamtu qulqulleessuun dhiibbaa qilleenssi mana keessaa faalamuun fayyaa irrati geesu hin ir'isa.

Hafarsituun gingilchaa qilleenssaa kun dukkee, daakuu killee abaaboo keessaa, akkasumas waan xixinoo biraas gingilchaadhaan xuuxe qabee akka qilleenssi qulqulluun gara bira irraan bahuuf godha.

Ajensii Qilleenssaa Qulqulluu Pujeet Sawundii (Puget Sound Clean Air Agency) bu'aa gingilchawwan kanaa qoratee harka 90%  faalamuu qilleensa garii akka ir'isu irraa gahe:




## Aara Ibidda Danqaraa



Jijirama qilleensa baramaa fi dhiibbaa akkaataan qabiinsa bosonaa irraa kaka'e, naannoo keennaaf, bona aarri ibidda bosona waan baratamaa dhufeedha.
Meshalleen gingilchaa qilleenssaa kun, yoo gingilchaa qilleenssaa qulqulluu wajjiin qabaatan, guyyoota ibiddi bosonaa irraa aarrii dhufu akka qilleenssaa mana keessaa qulqulleesuu dandeetu si gargaara.

# Ajajaa akkataa gingilchaa qulqullinna qilleensaa itti fayyadaman

Saxiniin gingilchaa qulqullinna qilleensaa kun fala gatii rakasaa kenna kan dhiibbaa jijjirama qilleenssaa ibidda bosonaa irraa dhufu ir'issuuf. Hata'u garu, saaxiniin gingilchaa qilleessaa kun akka gingilchaa MERV-13 itti fayyadamanitti hin tolchamne akkasumas nageenyummaan isaani haga ammaattii Underwriter's Labaratooriitt(dhaabbata saddaffaa kan nageenyaa meshalee hedu laalee nagaha qabaachuu addaan baasuun mirkaneessu) laallamaa jira.Saaxiniin gingilchaa qilleensaa kun shiboo ykn waan ittii dhaamsuu dandayu hin qabu yoomaa akka malee oo'eellee eega meesha qulqulleessa karaa qilleenssaa olfudhatutti galeen booda.

Haga ammaati ragaan gingilchaa qilleenssaa kana tanaa duraa rakkoo akka qabu argisisu hin jiru, hatahu seeraan hagaa ammatti waan hinqorataminiif gaga'amni humnaa ol oo'uu inuma argama.  Sirriitti itti fayyadamuu fi saaxinii gingilchaa qilleenssaa kana itti qabanii ykn suphan dalagaawwa asii gaditti tuqaman kanani:



**Gingilchaan qilleenssaa kun akkaataa nageenya itti eegan jala deemuun ittii fayyadamuu barbaachisa:**

- Saaxinii gingilchaa qilleenssaa adda ykn kophaa hin dhiisin.
- Wayta raftuu ykn wayt mana hin jirree itti hin fayyadamin. Yoo qilleenssi akka qabanaheti turuun barbaachise,odoo hin rafin gingilchaa irraa baasi.
- Hafarsituu gingilchaan itti maxane tana daqiiqaa sodomaan dhaamsi akkasumas daqiiqaa kudha shaniif haga qabanaahu godhi odoo deebiiftee hin banin..
- Kutaa manaa kan yeroo hedu itti dabrsitutti hafarsituu tana itt fayyadami.
- Hafarsituu gara giddu gala kutaati garagalchi, girgidaafi meeshaalee gurguddaa irraa fageessii.Hafarsituu bakka dhukkeen ykn bakka xurrii qabu hin kaahin yookaanii hafarsituun dhukkee qilleenssa keessa kaasti.
- Wayta hafarsituuti fayyadamtu fooddaa fi balbala cufi. Yoo ka qilleensi xuraawaan kun eega gadi bahee booda deebi'ee seenu tahe.
- Nageenya tirikaatiif jecha hafarsituu mana fincaanii keessaa fii bishaanitti kaleesittee itti hin fayyadamin.
- Gingilchaa qilleenssaa jia sadihiin jijjiiri ykn wayta xuraaye jijjiiri
- Gingilchaawwan kun "MERV-sadarkaa"  13 (20x20x1 inchii gingilchaa saaxina hafarsituu tanaa hin taha).
- Haala Kanaan saaxinni hafarsituu itti fayyaadaman harawa ka bara 2012 as tahuu qaba kan eega motora humnaa ol oo'ee miidhaa fidu eega fooyyessaanii as.
- Saaxinii hafuursituu qilleenssaa irraa ijoollee xixiqoo fageessi.

**Meeshaa walitti qabduu hafarsituu gingilchaa qilleenssa fudhachuun ykn qeebaluun, itti fayyaadamuuf, suphuu fi tolchee qabuu meshaa kanaa kan bufata fayyaa—Seattle fi king County irraa fudhate itti gafatammummaa fudhate**

# Warshaalu ykn wallitti qabuu saaxina hafarsitu qilleenssa

## Meeshaleewwan barbaachisan:



*Hafarsitu*



*Gingilchaa*



*Hammattuu*

## Akkamit akka wallitti qaban:

Gingilchaan qilleenssaa duuyda duubaa hafarsituu bakka qilleenssi seenuun akkasumas mataan xiyyaa ka gingilchaa gubaa jiru gara hafarsituu haa laalu




*Thanks to Puget Sound Clean Air Agency for sharing these images